Itiyoophiyaa

Ripaablika Federaalawa Dimokraatawa Itiyoophiyaa

Hogganaa Biyaa: **Sahale-Warq Zawudee**
Hogganaa Mootummaa: **Abiyyi Ahimad Alii**

Humnoonni tikaa mootummaa humna darbaa (excessive) fi, yeroo tokko tokko humna ajjeesuu (lethal) fayyadamuun, ajeechaa murtii mana murtimaleessa raawwataniiru. Jeequmsa sabummaan walqabataniin gareewwan hidhattootaafi milishootaan namootni dhibbatamni ajjeefamaniiru, qabeenyis barbadaa'eera. Miseensonni jaarmaya mormitootaa fi gaazzexessitoonni akka tasaa hidhamu.

Seensa

Mormii fi jeequmsi itti fufiinsaan taasifame gara finxaalessummaa siyaasaa sabummaatti kan geesseefi, jijjiiramni siyaasaa fi mirga namoomaa bara 2018tti jalqabame akka hinmilkoofne dhorke.

Lolli naannoo Tigirayi keessaatti Sadaasa 4, 2020 eegaale, mootummaa federalawaa Itiyoophiyaa fi mootummaa naannoo Tigirayi walitti buuse. Waraanichi jalqaba irraa kaasee, gama tokkoon raayyaa federaalaa, poolisii addaa fi milishoota mootummaa naannoo Amaaraan kan deggerameefi, gama biraan garee poolisii addaa fi milishoota naannoo Tigirayii gidduutti walitti bu'insa hidhannoon deggerame ture.

Ajjeechaa murtii mana murtiimaleessaa

Humnoonni tikaa mootummaa hiriiraa fi mormii hawaasaa kaasu irratti humna garmalee nama ajjeesu fayyadamani. Hagayya 9 hanga 11 gidduutti Godina Walayitata Naannoo Saboota, Sublammootaa fi Ummattoota Kibbaa (NSSUK)tti ochii hawaasaa taasifamee irratti yoo xiqaate namoota 16, kanneen mormii keessatti kan hinhirmaatin namootalama dabalatee ajjeesani.

Hirmaattonni hiriirichaa, hidhamuu hoggantoota, gaggeessitoota hawaasaafi, aktivistoota Godina Walayitaa baay'inaan 20 ol ta'an balaaleffachuuf daandiitti yaa'an humnoota tika mootummaatiin itti dhukaasamanii rukkutaman.[1]

Mirga yaada ibsachuu fi walitti qabamuu

Ji'a Amajjii keessa, mootummaan seera farra-shorokeessummaa fooyyessee tume. Seerichi mirga namoota yakka shororkeessuumaan shakkamuun himataman ykn hidhaman caalmaatti eegsiisuuf keeyyatoota gargaaran muraasa kan ofkeesstti qabate ta'u iyyuu, keeyyatoonni biroo mirga ofibsuu kan uggurani dha. Akkasumas, Labsiin Haasawa Jibbinsaa fi Odeeffannoo dharaa Mana Maree Federaalaan Bitotessa keessa labsame, namoonni mirga bilisaan ofibsuu shaakaluu isaaniif yakkamoo isaan taasisa.

Humnootni tika mootummaa mirga namooma bilisaan yaada ofii ibsachuu ukkaamsuuf jecha jeequmsa fayyadaman.

Guraandhala 15, poolisoonni addaa mootummaa sirna eebbaa waajjiraa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) naannoo Oromiyaa magaala Walancitiitti gaggeeffamaa ture weeraran. Rasaasa

fi gaazi imimmanii hirmaattotatti dhukaasanii, deggaraa ABO tokko ajeesanii kanneen biroo tumani. Konkolaataa kan garee gaazexeessitoota *Oromiyaa Niwus Neetworkiitti* dhukaasanii gommaa isaa urani; booda meshalee isaanii mulqani.

Guyyuma kana gara boodaa, poolisoonni addaa mootuimmaa deggartoota ABO magaalaa Burayyuutti afeerraa laqanaarra turan jeequun bittinneessani, nama tokko ajjeesuun, digdama kan ta'an ammoo madeessan. Namoota gara 30 ta'an konkolataa poolisiitti naqanii gara Istaadiyoomii Buraayyuutti geessuun erga tumanii booda, jilbaan foqoqanii akka dirree istaadiyoomii yeroo hedduu marsan isaan taasisan. [2]

Hidhaa fi to'annaa akka tasaa

Hanga'oonni mootummaa, namoota siyaasaa garee mormituu fi gaazzexeessitoota osoo mana murtiitti hindhiyaatiin, himata seeraa tokko malee, hidhaa yeroo dheeraf (bayyeen isaanii ji'ootaaf) akka saaxilaman taasisani. Manneen murtii, namoota siyaasaa tokko tokkoof mirga wabiin gad-lakkifamuu eegsisuun, bilisummaa isaanii yoo agarsiisaniyyu poolisiin irra deddeebbiin ajajoota mana murtii fudhachuu diduun hidhaa keessa isaan tursiise.

Baatii Amajjii keessa, poolisiin naannoo Oromiyaa keessatti deggertoota ABO yoo xiqqaate 75 hidhe. Baay'een isaanii himata seeraa tokko malee, mana murtiitti hindhiyeeffamiin ji'ootaf hidhaa to'annaa jala tursiifamani. Kanneen keessaa tokko aktiivistii siyaasaa beekamtuu Caaltuu Taakkalaa yoo taatu, ji'a Guraandhalaa keessa gad-lakkifamte; garuu jalqaba Adoolessaa keessa ajjeechaa weellisaa Oromoo beekamaa Haacaaluu Hundeessaa booda okkara uumame qindeessuun shakkamtee irra deebiin hidhamte (gaditti ilaali, ajjeechaa seermaleessaa). Himata okkara qindeessuu irratti wabiin ji'a Hagayyaa keessa gad-lakkifamte.

Guraandhala keessa, hanga'oonni tikaa mootummaa miseensota ol'aanoo ABO shanii fi deggertoota afur Finfinnee keessatti hidhan. Saddeettan isaanii sa'a 24 keessaatti gad lakkifaman.

Gaazzexeesitoonni Oromiyaa Niwus Neetworkii lama fi hoggantoonni ABO sadi Bitootessa keessa buufata Poolisii Buraayyuu suura kaasuu fi yakka tiraafikaa raawwatttan jechuun poolisiidhaan hidhman.. Booda, abbaan-alangaa himatni sun gocha yakkaa waliin hariiroo hinqabu jedhee dhiisuyyuu, poolisiin garuu hidhaa keessa isaan tursisuu itti fufe; waraqaan eenyummaa isaanii rakkoo qaba jedhee falme. Arfan isaanii jia'a Caamsaa keessa himataan ala gadlakkifaman, garuu isaan keessaa tokko, Batirii Filee namni jedhamu, Ya'aballoo keessa himata tokko malee haga dhuma waggaatti hidhaa keessa ture.

Dhaddacha al-madalawaa

Onkoloolessa keessa, mootummaan wixinee haarawa seera Adeemsa Falmii Yakkaa fi Seera Sirna Ragaa kan seerota bara 1962 bakka bu'u dhiyeesse. Rakkoo bara dheera kan dhaddacha madaalawaa waliin walqabatu furuuf kan akeekame yoo ta'u, garuu keeyyataalee sadarkaa sirna dhaddacha madaalawaa idil-addunyaan wal-hinsimne of keessatti qabateera.

Ajjeechaa seermaleessaa

Namoonni dhibbaan lakka'aman jeequmsa sabummaa baballataa dhufee fi aleellaa gareewwan hidhataniin ajjefaman.

Waxabajjii 30 fi Adooless 1 gidduutti namoonni 166 okkara ajjeechaa Hacaaluu Hundeessaa, wallisaa Oromoo beekamaa, irratti gaafa Waxabajjii 29 raawwate booda dho'en ajjeefamaniiru. Ajjeefamuun Haacaalu dheekkamsa ummataa fi jeequmsa baallaa Finfinnee fi bakkawwan adda addaa Oromiyaa, Harar fi Dirree Dhawaa keessatti qabsiiseera. Dargaggoonni gurmaa'an sabootaa fi amantaalee bicuu , fi hordoftoota Ortoodoksii haleelan, yoo xiqqaate namootni 40 magaalota adda addaa keessatti ajjeefamanii qabeenyi isaanii gubame. Magaalota Oromiyaa tokko tokko keessatti, hiriirtonni humnoota tikaa mootummaa waliin walitti bu'uun namoonni 100 ol galaafatmaniru. Hanga'onni poolisii federaalaa akka jedhanitti namoonni 10 hoggantotni poolisii lama dabalatee haleellaa dho'iinsaa boombii harkaa fi rasaasaan gaafa Waxabajji 30 magaala Finfinnee keessatti ajjeefamaniiru. Namoonni gara 5,000 ta'an kanneen hoggantoota dhaaba siyaasaa mormituu dabalatu ajjeechaa seeran alaa fi manca'iinsa qabeenyaa keessaa harka qabaachuun shakkamanii hidhaman. Fulbaana keessa, Wajjirri A/alangaa Waliigalaa hoggantoota dhaaba mormituu Jawar Mohammad, Baqqalaa Garbaa, fi Iskindir Naggaa irratti himata shororkeessummaa dhiyeeesse. Ji'a Onkololessa keessa, namoonni ajjeechaa Hacaaluu Hundessaatti shakkaman afur hidhamani shororkeessummaa fi ajjeechaan himataman.

Fulbaana keessa, gareewwan hidhatan, akka poolisiin naannoo jedhutti, Adda Bilisummaa Ummata Benishaangul kan ta'an, haleellaa walirraa hincinnee saboota Amaaraa fi Agawoo jiraattota Godina Matakkal naanoo Beneshaangul-Gumuz ta'an irratti gaggeessuun yoo xiqqaate namoota 45 ajjeesanii kumaatama qe'ee irraa buqqisaniiru.

Ji'a Onkololessa 18 hanga 21tti, yoo xiqqaate sabni Amaaraa 31, jiraattota aanaa Gurrafardaa NSSUK, aleeltota hidhataniin ajjeefamani, gara 1,500 kan ta'an ammoo buqqa'aniiru. [3]

Gaafa ji'a Sadaasa 9, milishootni fi dargaggoonni namoota saba Amaaraa jiraattoota Mayikadiraa (lixa Naannoo Tigrayi) keessatti waraanuu fi qaluun fixan. Ragaaleen namaa reeffawwan madaa baballaa meeshaalee kan akka cuubee (billlaa) fi gajaraan raawwatamuu malu arguu isaanii gabaasaniiru. Namoonni haleellaa sana irraa lubbuun olanis dargaggoonnifi hoggantootni tikaa mootummaa naannoo Tigirayiif amanamoo ta'an haleellaa sana akka raawwatan himaniiru.

Dirqisiisanii Buqqisuu

Walakkaa ji'a Guraandhalaa keessa, hanga'onni mana-qopheessaa Finfinnee mana jireenyaa darzanaan lakka'aman diiguun, yoo xiqqaate namoonni 1,000 ta'an yeroo weerara golfaa COVID-19 keessa mana-dhabeeyyii tasifaman. Jiraattonni kun mana isaanii kan ijaarratan lafa bara 2007 bitatan irratti kan jedhan yoo ta'u, hanga'oonni mootummaa immoo maatiwwan kun qubattoota seeran alaa fi lafa mana qopheessaa Finfinnee irraa kan hinbitanne tau'u isaanii jala muranii dubbatu. Maatiin kun waa'ee buqqaafamu isaanii ilaalchisee beeksisni dursee hinkennamneef yookan irratti hinmari'achifamne. Bay'een isaanii jiraachuuf dinagdee al-idilee irratti kan rarra'anifi, sababa golfaa COVID-19n carraan hojii fi madda galii isaanii kan dhabani.

Diiggaa manaa san hordofee, jiraattonni manneen jireenyaa kan yeroofii sharaa bututtuu irraa tolfachuuf yalaniiru, garuu isaanis gaafa ji'a Ebla 14 hanga'ootaan mootummaan jigsamuun galteewwan ijaarsaa sun poolisiin mulqaman. Kanarraa kan ka'e, maatiwwan sun tibba bokkaa yandoon roobu kan keessa ala rafuuf dirqamaniiru.

Mirga dhugaa, haqaafi, beenyaa argachuu

Hanga'oonni, barattoota Amaaraa 17 Sadaasa 2019 keessa Yuunivarsiitii Dambi Doolloo Lixa Oromiyaatti argamu keessaa namoota hinbeekamneen butaman baraaruuf tarkaanfii fudhatan ilaalchisee odeeffannoo hinkennine. [[Bakki buuteen isaanii haga dhuma waggaatti hinbeekamne]][5]

Motummichi gochaalee suukkanneessoo fi dhiittaa mirga namoomaa hadhaawa bara 1991 irraa eegalee rawwatamaa turan: ajjeechaa murtii mana murti maleessaa dabalatee, dararaa fi gocha suukkanneessaa biroo, hidhaa jumlaafi akka tasaaf itti gaafatamummaa mirkaneessuuf tarkanfiwwan tokko tokko fudhateera. Tarkaanfiwwan kun yakkoota ajjeechaa, darara fi gochaalee suukkanneessoo, humna darbaa fayyadamuu humnoota tikaa, raayyaa ittisaa Itoophiyaa dabalatee, qaamota humnoota Poolisii Federaalaa fi poolisii addaa naannoleen geessifamaa turaniif miidhamtootni haqa akka argatan abdii xiqqoo uumeera.

---

[1] *Itoophiyaa: Humna galaafataa hiriirtota irratti fudhachuu dhaabi* (Balballoma miidiyaa, Hagayya 14)

[2] *Itoophiyaa: Oromiyaa keessatti Poolisiin deggertoota mormituu haleeluun gurguraan ajjeefamee, wallisaan madaa'e* (Balballomi miidiyaa, Guraandhala 17)**Error! Hyperlink reference not valid.**[3] *Itoophiyaa: Hanga'oonni ''seeraan alafi hinbarbaachisu'' jechuun hiriira dhorkan* (Balballoma miidiyaa, Onkololessa 27)

[4]*Itoophiyaa: Siviloonni diqdamootan lakka'aman dhumaatii naannooTigrayi keessa ajjeefamu raqaan jiraachuu qorannoon mullise*(Balballomi miidiyaa, Sadaasa 12)

[5] *Itoophiyaa: Sababa COVID-19n yuunivarsiitotni akka cufamanin warri barattota Amaaraa miliqsifamaniif dhiphatan* (Balballoomi miidiyaa, Bitootess 25)